Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Dubartii Bishaan Boollaa Biraa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yasusii fi duuka buutoti isaa karaa Samaariyaa imalaa turan. Gara magaalaa Siikaar dhufan.



Bakka kana bishaan boollaa warri Siikaar baasanii dhugantu ture. Waggaa dheeraa dura Yaaqoob, abba Israa'elootaatu bishaan boollaa kana qotee ture.



Ganama aduu ol adeemtuu aduu fi haala qilleensa o'aatu ture. Wayita duuka buutoti isaa nyaata bituuf gara Siinkaar deema Yasus bishaan dheebotee bishaan boollaa bira taa'e.



Yeroo dheeraaf utuu hin taane - Yasuu kophaa ture. Dubartii Siinkaar jiraattu tokko bishaan boollaa waraabuuf dhufte. "Bishaan dhugan naaf kenni," Jechuun Yasus gaafteen.



Dubartittiin inni dinqisiifachuun. "Ati warra Yihuudii taate akkamitti dubartii Samaariyaa bishaan dhugaatii gaaafatta?" jetteen.

Yeroo Yasus akkas jedheen in ajaa'ibsiifatte, "Eenyu akkan ta'e utuu beekitee bishaan yeroo hundumaa jiraatu ana gaafatta," jedheen.



"Atoo waan ittiin buddussan hin qabdu, boolli bishaanichaa gad fagoodha, bishaan yeroo hundumaa jiraatu sana eessaa fida? Ati abbaa keenyaa Yaaqoobiin isa bishaan boollaa qotee nuuf laate …… caalta moo?" jette dubartittiin.

"Bishaan kana irrraa kan dhugu hundinuu deeb'ee in dheebota; bishaan isa ani kennuuf jiru irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu; bishaan inni ani kennuufiif jiru, isa keessatti burqaa bishaanii isa jireenya bara baraatiif in ta'a," ittiin jedhe.

"Bishaanicha naaf kenni?" jettee gaafatteen.

Dhaqii abbaa manaa kee waamii kottu jedheen, Yasuus. Dubartittiin "Abbaa manaa hin qabu jette deebisteef." "Abbootii manaa shan qabda," jedhe Yasus. "Namin ati amma waliin jirtu abbaa manaa kee miti," ittiin jedhe.



Kana irraatti Yasus akka raajii ta'e barte. Abbootiin keenya gaara kana gubbaatti sagadu; isin warri Yihuudotaa immoo lafti itti Waaqayyoof sagaduun ta'u Yarusaale keessa jira jettu ittiin jette. Warri dhugummaan sagadan, hafuuraa fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan Yasus jedheen.



“Msiihiin inni Kirstoos jedhamu akka dhufu anuu beeka inni gaafa dhufu waan hundumaa nutti in hima,” jetteen. “Kan amma sitti haasa’aa jiru isuma.” Ani Yasusi ittiin jedhen. Yeroo kanatti duuka buutoti isaa nyaata bituu gara Siikaar deeman dhufan. Dubartittiis okkotee ishee gatii jabeessa ta’e bishaan boollaa biratti gattee gara magaalaatti deebiite.



"Kottaa nama waan kanaa dura hojjedhe hundumaa natti hime ilaalaa," jechuun namoota Siikaaritti himte. "Kirstoosiin ta'innaa?" Namooti magaalaa Siikaar ba'anii dhaqanii Yasusiin ilaalan.

Kana gidduutti bartootin isaa. "Yaa barsiisaa waa nyyaadhu!" jedhaniin. "Nyaatin koo fedha isa na ergee raawwachuu fi hojii isaa xumuruudha." Hojiin isaas namoota gara Waaqayyootti fiduudha.



Dubbiii dubatittii irraa ka'uudhaan namootin Samaariyaa baayyeen isaanii isatti in amanan. Yasus akka isaan bira turuufis in gaafatan. Guyyaa lama isaan bira in ture.

Namoonni sonaan baayyeenis dubbii isaatiif jedhanii itti amanan. "Egaa nuyi si'achi waan ati dubbatteef amanna miti; nuyi ofuma keenyaa dhageenyeerra, inni kun dhuguma fayyisaa biyya lafaa akka ta'es in beekina," jedhani.



Dubartii Bishaan Boollaa Biraa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yohaannis 4

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16